Fayyaa Ohio (OhioHealth)
Walii-Galtee Waliinii Akkaataa Itti fayyadama Dhimma Dhuunfaa
Hubachiis kun waa'een odeeffannoo fayyaa keetii attamitti akka itti dhimma ba'amu, akka hin dhokannee fi atis odeeffannoo kana attamittiin argachuu akka dandeessu kan ibsuu dha.

Of-eeggannaadhaan Ilaali.

Fayyaan Ohion (OhioHealth) sirna fayyaa kan hospitaala, kilinikii, buufata fayyaa hawaasaa, eegumsa fayyaa manaa, fi oogummaa eegumsa fayyaa kanneen biroos kan of-keessatti qabatuu dha. Beeksisi Raawwii Dhuunfaaa Waliinii kun Fayyaan Ohion (OhioHealth), Ogeessota fayyaa waajjirichaa, fi shirkii fayyidaa hawaasaa kanneen eegumsa fayyaa qindaawaa keessatti hirmaata irratti kan hojjetuu dha. Tajaajila kan akka dhiheessa eegumsa fayyaa kan hojii keenya keessatti dhihaatu qofa irratti kan hojii irra ooluudha malee, gochaalee eegumsa fayyaa hin taane kanneen akka gaôumsa qaamaa, akkaataa jireenyaa, barumsa, hojjechiistota, leenjii atileetiksii, fi tajaajila baôanii hojjechuu irratti kan hojii irra oolu miti.

Hojjetootni keenya kanneen kunuunsa fayyaa kennan kunuunsa sadarkaa isaa eeggate dhukkubsattoota keenyaaf dhiheessuudhaaf waliin hojjetu. Odeeffannoon fayyaa akkuma seeraan iyyamame, wallaansa gochuuf, kaffaltii fi hojii eegumsa fayyaa kennuudhaaf akka barbaachisummaa isaatti ni dubbatama. Kaayyoon Beeksisa kanaa odeeffannoo keessan attamittiin akka itti dhimma baanuu fi waaôee muuxannoo itti fayyadama odeeffannoo keenyaa attamitti caalaatti akka argattan isinitti himuudhaaf.

Beeksisa/hubannoo kana gara hospitaalaa dhufuun dura argachuu ni dandeessu taôa, yookaan yeroo achi geessan bakka jirtanitti argachuu dandeessu. Hunka walii-galtee wallaansa kanaaf taôu irratti, nagahee seera qabeessa Hubachiisa Walii-galtee waliin Raawwii Dhimma Dhuunfaa gaafatamuu dandeessa.

I. Odeeffannoo Fayyaa keessanii Eeguudhaaf Dirqama Seeraa Qabna. Odeeffannoo fayyaa dhuunfaa keessanii isa eegamaa taôe kaaôuu fi muuxannoo dhuunfaa fi dirqama seeraa keenya isiniif dhiheessuudhaaf seeraan gaafatamna. Bifa odeeffannoo fayyaa keessanii hin cabsineen akka isin beeksifnu ni gaafatamna. Hanga hojii irra jirutti jechoota/dubbii Beeksisa kanaa keessatti eegamuu qabna. Akka barbaachisummaa isaatti mirga yaada Beeksisa kanaa jijjiiruu fi odeeffannoo fayyaa nu bira jiru irratti beeksisa haaraa hojii irra oolchuudhaaf mirgi isaa eegamaa dha. Galagalchii beeksisa fooyyaôe kanaa Muummee/kutaa tajaajila kanaaf itti galmooftanitti argachuu yookaan Waajjira Dhuunfaa FayyaaOhio bira dhaquudhaan argachuudhaan ni dandaôama. Kutaa VIII beeksisa kanaa ilaalaa.

II. Odeeffannoo Fayyaa keessanii isa Eegamee jiru Itti dhimma ba'uu fi Dubbachuu dandeenya.

1. **Mirkaneessa Keessan**. Akka beeksisa kana irratti ibsame yoo taôe malee, yoo isin hunka mirkaneessaa mallatteessitan irraan kan hafe odeeffannoo fayyaa keessanii isa eegamaa kaayyoo kamiif iyyuu itti dhimma baôuu fi kan biraatti mulôisuu hin dandeenyu. Yoo itti amantummaa mirkaneessichaa irratti tarkaanfii fudhachuu baanne malee mirkaneessicha barreeffamaan kaasuudhaaf mirga qabdu. Itti fayyadamnii fi mulôisuun odeeffannoo fayyaa keessanii tokko tokko kan nuti yeroo hundaa dursa mirkaneessa itti barbaadnu jiru. Isaanis:

    - **Quunnamtii Gurgurtaa(Marketing Communications)** (yoo quunnamtichi kallattiidhaan kallattiidhaan isiniif taasifame malee, kennaa beeksisaa yoo taôe malee, yaadachiisa waraqaa

ajajaa deebisanii guutuu taȇe malee, odeeffannoo gaȏumsaa, yookaan quunnamtii waaȇee oomisha fayyaa waliin wal-qabatu malee, yookaan tajaajila nuti kenninu yookaan isa wallaansa kee waliin kallattiidhaan wal ilaallatu taȇe qofa).

- **Irra Caalaan gurgurtaa odeeffannoo fayyaa keessanii (Most sales of your health information)** (Yoo wallaansaaf, yookaan kaffaltiidhaaf, yookaan seeraan gaafatame malee).
- **Irra caalaan itti fayyadamaa fi mul'isuu yaadannoo wallaansa dhibee sammuu** (Yoo seeraan iyyamame yookaan gaafatame irraan kan hafe).

2. **Wallaansa**. Wallaansa keessaniif akka barbaachisummaa isaatti odeeffannoo fayyaa keessanii itti dhimma baȏuu yookaan mulȏisuu/dubbachuu dandeenya. Fakkeenyaaf:

   - Karoora wallaansa keetii kanneen akka toora wallaansaa, qoricha/daawaa kennuu, fi ilaalamuu, kanneen fakkaataniif odeeffaanoo fayyaa keetii isa galmee fayyaa fi odeeffannoo ati waaȇee mallattoo fi waan sitti dhagaȏamuu ati kennitee Dokteeronni, Neersotnii, fi ogeeyyiin fayyaa kanneen biroon wallaansa kee keessatti hirmaatan itti dhimma baȏuu dandaȏu.
   - Odeeffannoo fayyaa keetii tajaajila eegumsa fayyaa kan biroo yookaan ogeessa fayyaa kanneen nu waliin hin hojjetneef kennuu dandeenya, garuu qaama wallaansa siif gochaa jiru yookaan gochuuf jiru qofaaf. Fakkeenyaaf, erga hospitaalaa baateen booda, wallaansa manaa kan fudhattu yoo taate, karoorri wallaansaa akka siif qopheeffamuuf odeeffannoo fayyaa keetii dhaabbata wallaansa manaa kennu sanaaf kennuu dandeenya.
   - Yoo miidhama/madaa jilbaaf wallaanamaa jirta taateef, gochaalee ati raawwattu karoorsuudhaaf akka isaan gargaarutti odeeffannoo fayyaa keetii ogeessa fayyaa siif dhidhiibu sanaaf kennuu dandeenya.

3. **Baasii Wallaansa Keetii.** Akka barbaachisummaa isaatti dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii dhimma baasii ogeeyyii wallaansaa fi meeshaalee wallaansaa yookaan tajaajila siif taasifameef itti dhimma baȏuu yookaan kennuu dandeenya. Jalqaba, tajaajila siif godhameef haala baasii akka mijeessaniif odeeffannoo tooraa fi akkaataa wallaansa keetii dhaabbata inshuraansii keetiif erguu dandeenya, yookaan nagahee kaffaltii qopheessinee siif yookaan nama baasii/kaffaltii keetiif itti gaafatamummaa fudhatuuf erguudhaaf odeeffannoo keetti dhimma baȏuu dandeenya.

4. **Raawwii Wallaansa Fayyaa (Health Care Operations)**. Raawwii wallaansa fayyaa keenyaa kanneen fooyyaȏiinsa kilinikaa, mare ogeeyyii, bulchiinsa hojii, beekkamtummaa seera qabeessaa fi iyyamaaf kan fakkaataniif dhoksaa odeeffannoo fayyaa ketii akka barbaachisummaa fi seeraan iyyamametti itti dhimma baȏuu fi argisiisuu dandeenya. Fakkeenyaaf:

   - Dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii kaayyoo fooyyaȏiinsa wallaansa kilinikaa fi kunuunsa dhukkubsataa keenyaatiif itti dhimma baȏuu/argisiisuu dandeenya.
   - Dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii warra wallaansa fayyaa qindaaȏoo taȏanii fi qaamota wallaansa fayyaa nu waliin hojjetanii fi miseensota qindeessa wallaansa fayyaa raawwii wallaansa fayyaa keenyaatiif ijaaraman gidduutti itti dhimma baȏuu fi mulȏisuu dandeenya.
   - Dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii qaama kunuunsa fayyaa kan birootiif, ogeeyyii kunuunsa fayyaa, yookaan karoora fayyaa kan akka mirkaneessa qulqullinaa fi dhimma adda taȇe ilaaluu, garuu yoo qaamni, ogeessi, yookaan karoorri sun dhukkubsataa kan walin wal fakkaatu yoo qabaate qofa.

5. **Qorannoo**. Haalota murtaaôoo taôan keessatti, dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii dhimma qorannootiif itti dhimma baôuu fi mulôisuu dandeenya. Fakkeenyaaf:

   - Dhaabbatni qorannoo tokko firii/buôaa dhukkubsattoota qoricha/daawaa adda taôe tokko fudhatanii waliin madaalchisuu fedhuu dandaôu, akkasumas galmee wallaansaa walitti fufee jiru ilaaluu dandaôu.
   - Dhimma mirkaneessi kee addumaan hifudhatamin mara keessattiyyuu, dhoksaan dhuunfaa keetii ulaagaa hicitii Boordii Dhaabbatichaatiin hojii irra ooluun ni eegama, yookaan boordii dhuunfaa qorannoo hordofuun, bakka buôoota qorattootaa kanneen itti fayyadama fi mulôisuu odeeffannoo dhukkubsattoota isaanii murteessaniin ni eegama.

6. **Beellamaa fi Tajaajila**. Yaadachiistuu beellama yookaan firii qorannoo yookaan tajaajila biroo isiniif kennuudhaaf isin quunnamuu dandeenya. Quunnamtii kana ilaalchisee akkuma kutaa VI keessatti ibsame mirga amma tokko qabdu.

7. **Shirkoota Hojii (Business Associates)**. Tajaajilli keenya hangi tokko namoota bakkeetiin hojjetama yookaan dhaabbata nu waliin hariiroo qabaniin, kanneen akka hojii herregaa, beekkamtummaa, tajaajila seeraa, kanneen biroo. Yeroo tokko tokko dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii namoota kan biroo yookaan dhaabbattootaa nu gargaaraniif kennuun nu barbaachisuu dandaôa. Haala hundaanuu, qaamotni hojii kunneen dhoksaa odeeffannoo keessanii sirriitti akka eegan ni barbaadna.

8. **Haala itti fayyadamaa kanneen biroo (Other Uses and Disclosures)**. Dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii walii galtee yookaan mirkaneessa keessaniin alatti itti fayyadamuu fi mulôisuudhaaf hiyyama seeraa argachuu yookaan gaafatamuu ni dandeenya.

   - Dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii dhimma seeraan gaafatamu kamiif dabarsinee ni kennina;
   - Hojii fayyaa hawaasaa kannee akka, gabaasa dhukkubaa barbaachiseef, miidhama, dhalootaa fi duôa, fi qorannoo fayyaa hawaasaa barbaachiseef dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii kennuu dandeenya;
   - Yoo miidhaa daaôimmanii shakkineef, yoo isin miidhama sana keessa jiraattaniif, yookaan miidhaan biyya keessaa yoo jiraateef seeraan kan gaafatamnu yoo taôe dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii ni kennina;
   - Galmee talaallii barataa mana barumsaaf kennuu dandeenya, garuu yoo maatiin/guddiseen (yoo salphaa miti taôeef barataan) afaaniin yookaan barreeffamaan walii galan qofa;
   - Yoo taateewwan hamoo taôan, hirôina hoomishaa, yookaan hoomishicha ajajuu keessatti qooda fudhachuun kan barbaachisu taôeef dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii Bulchiinsa Nyaataa fi Daawaatti ni kennina;
   - Wayitawallaansa yaalaa isiniif kenninu yoo namootni isin hojjechiisan dhukkuba yookaan miidhama bakka hojii waliin wal qabate adda baasuudhaaf jecha nu gaafate dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii namoota isin hojjechiisaniif ni kennina, akkasumas irra guddaadhaan odeeffannoon sun hojjechiistota keessanii akka kenname yaadachiisi isiniif kennama;
   - Yoo dhaabbatni mootummaa qorannoo heregaa hojjetu, qorannoo geggeessu, yookaan tarkaanfii yakkaa fudhatu karaa seeraa gaafate dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii ni kennina;

- Yoo qorannaadhaaf barbaadamtan, dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii ni kennina, yeroo tokko tokko wanta akka kanaatiif yaadachiisa ni fudhattu;
- Yoo madaa, miidhamaa, fi yakka gabaasuudhaaf seeraan barbaadameef dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii qaamota seera raawwachiisaniif ni kennina;
- Qaamota seeraan sirna awwaalchaa/ sababii duôa namaa qorataniif dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii ni kennina;
- Yoo qaama keessan keessaa wanti isiniif geddaramu yookaan kan kennitan jiraate dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii ni kennina;
- Kaayyoo qorannoo tokko tokkootiif wayita boordiin dhaabbatichaa waan akkasii ilaalu seera dhoksaa dhuunfaa keessanii eeguuf qophaaôeen mirkaneessu dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii ni kennina;
- Yoo nageenyaa yookaan fayyaaf sodaa cimaa qabaanneef, haalota murtaaôoo taôan irratti dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii ni kennina;
- Yoo miseensa waraanaa taataniif tajaajila humna waraanaatiin kan gaafatamnu yoo taôee, fi nageenya biyyaatiif yookaan hojiilee basaasaatiif dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii ni kennina; akkasumas
- Beenyaa dadhabbii bara hojii keessanii murteessuudhaaf yoo barbaachiseef dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii dhaabbata beenyaa hojjettootaatiif ni kennina.

III. Karoora Wallaansa Fayyaa Qindaawaa (Organized Health Care Arrangement)

FayyaanOhio karoora wallaansa fayyaa qindaawaa hawaasaaf hojjetan, kanneen akka hospitaalotaa fi muuxannoo ogeeyyii fayyaa, kanneen sirna galmee fayyaa elektironawaa keenya fayyadaman keessatti ni hirmaata. Karoora wallaansa fayyaa qindaawaa keessatti hirmaachuudhaan, kanneen biroo karoora wallaansa fayyaa qindaawaa keessatti hirmaatan irraa waaôee keessan elektironikiidhaan fudhachuu dandeenya, akkasumas nutis odeeffannoo waaôee keessanii warra hojii akkasii keessatti hirmaataniif kennuu dandeenya. Nuyii fi kanneen biroon hojii akkasii keessatti hirmaatan isin wallaanuudhaaf, wallaansa keessaniif haala mijeessuudhaaf, wallaansa keessaniif baasii barbaaduu fi hojiilee kunuunsa fayyaatiif (kanneen akka qulqullina wallaansaa warra karoora wallaansa fayyaa qindaawaa keessatti hirmaatanii fooyyessuu fi madaaluu) odeeffannoo keessanitti dhimma baana.

Kanneen tajaajila kennuuf karoora wallaansa fayyaa qindaawaa keessatti hirmaatan dhaabbata of-dandaôaa fi kanneen tajaajila kennuu keessatti hirmaatan qaamota tajaajilu kennuu keessatti hirmaatan kanneen biroo keessatti qacaramoo, bakka buutota, walii wajjin kan hojjetan miti (Yoo haala murtaaôaa keessatti walii galtee adda taôe walii isaaniif taasisan malee). Tokkoon tokkoo warra tajaajila kennanii karoora wallaansa fayyaa qindaawaa keessatti hirmaachuudhaaf adeemsa ofii isaanii taasisuudhaan odeeffannoo dhukkubsataa dhimma wallaannsaa fi kaayyoo biraa seeraan iyyamame walii isaaniif hiru.

IV. Odeeffannoo Fayyaa Wal-jijjiiruu (Health Information Exchange)

Dhoksaan odeeffannoo fayyaa keessanii wallaansa fayyaa isiniif mijeessuuf jecha Odeeffannoo Fayyaa wal-jijjiiruu seeraan mirkanaaôeef kennama. Qaamni Odeeffannoo Fayyaa wal-jijjiiruu nageenyaa fi dhoksaa dhuunfaa dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessaniif bulchiinsa sirrii, eegumsa qaamaa fi hojii qabaachuu qaba. Namoota dhuunfaa seeraan iyyameef qofatu dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii Qaama Odeeffannoo Fayyaa wal-jijjiiruu seeraan mirkanaaôeef irraa argachuu fi itti fayyadamuu dandaôa. Akka armaan gaditti kutaa V keessatti ibsametti, saaxilamuu odeeffannoo waliin wal qabatee mirga tokko tokko qabdu.

V. Itti fayyadamuu fi saaxilamuu odeeffannoo itti fufee jiruu keessatti hirmaachuu dhiisuudhaaf carraa qabdu (You Have the Opportunity to Object ("Opt-Out") to the Following Uses and Disclosures):

1. **Galmee Tajaajila keenyaa (Our Facility Directory)**. Maqaa, bakka yookaan lakkoobsa kutaa, haala walii gala fi, yoo feetaniif, amantaadhaan bakka jirtan galmee tajaajilaa keenyaa irratti ni qabanna. Yoo odeeffannoon keessan galmee kana keessa akka hin galle gootan malee, amantii keessan irraa kan hafe, nama maqaadhaan waaĉee keessan gaafateef kennamuu dandaĉa. Odeeffannoon kun, amantii keessan dabalatee qaama lubootaa yookaan hojjettoota mana amantaatiif kennamuu ni dandaĉa. Wayita galmeetti odeeffannoon keessan galmee kana irra akka hin galle taasisuudhaaf mirga qabdu, akkasumas odeeffannoo isa kamtu, eenyuuf akka kennamu sababii gaĉaadhaan dhorkuu ni dandeessu.

2. **Maatii fi Hiriyyoota wallaansa/kunuunsa keessan keessatti hirmaatan (Family and Friends Involved in Your Care)**. Mirkaneessa keessaniin, maatiidhaaf, hiriyyootaaf, akkasumas kanneen biroo kunuunsa yookaan baasii kunuunsa/wallaansa keessan keessatti hirmaataniif wallaansa yookaan baasii wallaansa keessanii keessatti hirmaannaa nama sanaa mijeessuudhaaf odeeffannoo fayyaa keessanii yerootii gara yerootti kennuu dandeenya. Yoo isin hin jirtan taĉe, of-hin dandeessan taĉe, yookaan haalli wallaansaa atattamaa yoo isin mudate, fayyidaa keessaniif haala murtaaĉaa taĉeen kennuun barbaachisaa taĉuu isaa yoo murteessine, mirkaneessa keessaniin alatti namoota dhuunfaa akkasiif odeeffannoo fayyaa keessanii bifa murtaaĉaa taĉeen ni kennina. Dhaabatni dhuunfaa yookaan mootummaa gargaarsa yeroo balaatiif seera qabeessa taĉe miseensa maatii yookaan namoota kan biroo wallaansa keessan keessatti haga tokkoon hirmaachuu dandaĉan akka ramaduudhaaf dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii kennuu ni dandeenya.

3. **Galii Walitti qabuu (Fundraising).** Bakka keenya buutee galii walitti qabuu keessatti akka hirmaattuuf si quunnamuu dandeenya. Meeshaalee galii walitti qabuu fudhachuu keessaa ala of-qabuuf mirga qabda, kanas maqaa fi teessoo kee FayyaaOhio Foundation tti erguu dandeessa, innis 180 East Broad Street, 31st Floor, Columbus, Ohio 43215 yookaan **OptOut_OHF@OhioHealth.com** yaada meeshaalee galii walitti qabuu nurraa fudhachuu hin barbaadne waliin iimeeyilii gochuu dandeessa.

4. **Odeeffannoo Fayyaa Wal-jijjiiruu (Health Information Exchange)**. Odeeffannoo fayyaa wal-jijjiiruu waliin wal qabtee, isin yookaan bakka buĉaan keessan kanneen itti fufee jiru keessaa tokko yookaan lamaan isaa akka goonuuf barreeffamaan nu gaafachuudhaaf mirga qabdu: (a) dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii kamiin iyyuu qaama Odeeffannoo Fayyaa Wal-jijjiiruu seeraan mirkanaaĉeef akka hin kennine; (b) dhoksaa odeeffannoo fayyaa keessanii kutaa murtaaĉaa taĉe kamiin iyyuu qaama Odeeffannoo Fayyaa Wal-jijjiiruu seeraan mirkanaaĉeef akka hin kennine. Dhorki dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii kennuu irratti armaan olitti ibsame (a) yookaan (b) qaamni wallaansa fayyaa kennan kunuunsa/wallaansa barbaachisaa taĉe siif kennuudhaaf odeeffannoo barbaachisu hin argatan. Dhorki dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii kennuu irratti armaan olitti ibsame (a) yookaan (b) ulaagaa seeraa jiru irratti kan hundaaĉuu dha. Gaaffii barreeffamaa kana Muummee Galmee Fayyaa tajaajila kanaa quunnamuudhaan gochuu dandeessa.

VI. Odeeffannoo Fayyaa keetii ilaalchisuudhaan Mirga keessan (Your Rights Regarding Your Health Information).

1. **Dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii argachuu (Access to Your Protected Health Information)**.
   Odeeffannoo fayyaa nuti qooda kee taanee qabnu mirga galagalchii isaa argachuu/sakattaôuu qabda.

   - Gaaffiin odeeffannoo argachuuf taasifamu barreeffamaan taôee isin yookaan bakka buôaa keessaniin mallatteeffamuu qaba. Yoo kaffaltiin jiraateef dursinee isinitti himna.
   - Yoo galagalchii ergaa keessanii barbaaddaniif kan poostaa isin kaffalchiisna, akkasuma yoo yaada cuunfaa odeeffannichaa barbaaddaniif qopheessuudhaaf isin kaffalchiisna. Unka gaaffii Muummee Galmee Fayyaa tajaajilichaatii argachuu dandeessu.
   - Galagalchii odeeffannoo fayyaa keessanii isa bifa elektironksiidhaan jiru elektironksiidhaan argachuudhaaf mirga qabdu, galagalchiin isaa kallattiidhaan dhaabbata yookaan nama isiniin kaaôametti darbuu dandaôa, innis bakka buôuumsi sun ifaa, qabatamaa/ifaa, fi maqaa guutuu fi teessoo itti ergamu yookaan odeeffannoo kan biroo adda baasuuf taôu waliin.
   - Galagalchii odeeffannoo fayyaa keetii isa elektironksiidhaan jiru qopheessuudhaaf hojii hojjennee fi dhiheessa keenyaaf isin kaffalchiisna.

2. **Jijjiirama Dhoksaa Odeeffannoo Fayyaa keetii (Changes to Your Protected Health Information)**. Yoo odeeffannoo fayyaa keetii keessa dogoggorri akka jiru yookaan odeeffannichi dhugaa taôuudhaaf akka sirratu yoo itti amanteef, akka nuti odeeffannicha sirreessinuuf barreeffamaan gaafachuudhaaf mirga qabda.

   - Jijjiirama gaafatame hunda gochuudhaaf dirqama hin qabnu, garuu tokkoon tokkoo gaaffiitiif xiyyeeffannaa guddaa kennina.
   - Gaaffii sirreessuu hunda, akka ilaaluu dandeenyuuf, barreeffamaan taôee siin yookaan bakka buôaa keetiin mallatteeffamuu qaba, akkasuma sababiin jijjiirraa gaafachuu ibsamuu qaba.
   - Yoo gaaffiin sirreessuu ati gaafate karaa keenya taôeef, kanneen biruu nu waliin hojjetan, galagalchii barreeffama dogoggora taôee kan qaban ni beeksifna, yoo beeksisuun barbaachisaa taôuu isaa itti amanneef.
   - Hunka gaaffii sirreeffamaa kana Muummee Galmee Fayyaa tajaajila kanaatii argachuu dandeessa.

3. **Ibsa Dhoksaa Odeeffannoo Fayyaa Keetii Kennuu (Accounting of Disclosures of Your Protected Health Information)**. Dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii karaa keenya kennameef ibsa argachuudhaaf mirga qabda. Mirgi kun kaayyoo wallaansaa, kaffaltii yookaan hojii kunuunsa fayyaaf isa kenname irratti hin hojjetu.

   - Gaaffiin barreeffamaan taôee isiniin yookaan bakka buôaa keessaniin mallatteeffamuu qaba.
   - Hunki gaaffii ibsaa Muummee Galmee Fayyaa tajaajilichaatti argama.
   - Ibsi jalqabaa jiôa 12 kam keessaa tola; tokkoon tokkoo jiôoota 12n itti fufanii jiran keessatti kaffaluu dandeessa taôa.
   - Waggoota 6n guyyaa gaaffii dursanii jiran keessatti ibsi daangaôuu dandaôa.

4. **Dhoksaa Odeeffannoo Fayyaa Keetiitti Fayyadamuu fi Kennuu irratti Dhorka jiru**. Akkaataa wallaansaaf, kaffaltiidhaaf, yookaan hojii kunuunsa fayyaaf itti fayyadamaa fi kennuu dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii irratti daangessuuf gaafachuuf mirga qabda.

   - Itti fayyadama seeraan akka goonuuf nuuf iyyamame daangessuu hin dandeessu.
   - Hunki gaaffii dhorkaa Muummee Galmee Fayyaatii argatamuu dandaôa.
   - Haalota baayôee keessatti, gaaffii dhorkaa keessaniitti walii galuun nurraa hin eegamu, garuu gaaffii sababii gaôaa qabu yeroo barbaachisaa taôetti ilaalcha keessa galchuuf ni yaalla.
   - Yoo dhaabuun sirrii taôee argineef mirga walii galtee dhorkaa dhaabuu ni egna. Haala sana keessatti isin beeksifna.
   - Hubachiisa barreeffamaa isiniin yookaan bakka buôaa keessaniin mallatteeffame Muummee Galmee Fayyaa kanaatti erguudhaan mirga walii galtee dhorkaa dhaabuu qabda.
   - Yoo baasii tajaajilaa hunda ofii kee arkaa baaftee, waaôee odeeffannoo tajaajila keetii kaffaltiidhaaf inshuraansii keetti akka hin ergineef nu gaafatte, hanga odeeffannichi ibsa tajaajila kan biraa kan inshuuraansiin kee kaffalu nu hin gaafatinitti gaaffii kana ni kabajna.

5. **Quunnamtii Icitii (Confidential Communications)**. Dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii ilaalchisee karaa keenya bifa biraatiin yookaan bakka biraatti nurraa gaafachuudhaaf mirga qabda, nutis gaaffii quubsaa karaa keessan yookaan bakka buôaa keessanii dhihaatuuf iddoo qabna. Fakkeenyaaf, yaadachiistuun guyyaa beellamaa sagaleedhaan akka hin kaaôamne yookaan bakka qabatamaa taôetti akka ergamu yoo barbaaddaniif, gaaffii sababii gaôaa qabu ni keessummeessina. Odeeffannoo icitii akkasii barreeffamaan gaafachuu dandeessa, gaaffii kee kana immoo Muummee Galmee Fayyaa dhimma kanaatti erguu dandeessa.

6. **Galgalchii Barreeffamaa (Paper Copy).** Yoo galgalchii akkasii iimeeyiliin yookaan elektironiksiin gaafatte taôe illee, galagalchii isaa argachuudhaaf mirga qabda.

VII. Hubachiisa utuu hin Mirkanaa'in kennuu (Notification of Unauthorized Releases). Haala adda taôeen dhoksaa odeeffannoo fayyaa keetii cabsuun ni jiraata, ofii kee miidhama irraa eeguudhaaf tarkaanfii fudhachuu qabduuf hubachiisii fi odeeffannoo ni argatta.

VIII. Gaaffii fi Komee (Questions and Complaints). Yoo hubachiisa kana ilaalchisee gaaffilee yookaan tumsa dabalataa barbaaddeef, Hojjetaa Dhimma Dhuunfaa FayyaaOhio teessoo kanaan argachuu dandeessa-180 East Broad Street, 32nd Floor, Columbus, Ohio 43215 yookaan 1-866-411-6181 bilbili. Yoo mirga dhuunfaa keetiitti buôameera jettee amanteef yookaan waaôee odeeffannoo fayyaa keetii argachuu murtoo nuti goonetti yoo walii galuu baatteef teessoo armaan gadii quunnami:

- Hojjetaa Dhimma Dhuunfaa Fayyaa (OhioHealth Privacy Officer), yookaan
- Mirgi kee dhiibamee guyyoota 180 keessatti barreeffamaan Waajjira Ol aanaa U.S (Biyya Amerika) Muummee Fayyaa fi Tajaajila Namaa Waashingiteen DC keessa jiru gaafachuu dandeessa (Secretary of the U.S. Department of Health and Human Services in Washington D.C. in writing within 180 days of a violation of your rights).
- Komee dhiheeffachuu keetiif ijaa baatiin hin jiru.

IX. Guyyaa itti hojii irra oolu. Hubachiisi Walii-galteen waliin Shaakala Dhimma Dhuunfaa kun Bitootessa 1, 2017 irraa eegalee hojii irra oola.